**DOI: https://doi.org/10.20372/jdq.v3i2.1711**
**ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2025, 3(2): 17-34**
**Fuula Manaa: https://journals.wgu.edu.et**

Qorannoo Asilii

# Beekumsa Asilii Oromoo, Ilaalchaafi To'annoo Dhibee Saree Maraatuu: Goodina Wallagga Bahaa Xiyyeeffachuun

Taakkalaa Taarikuu [1*], Daawit Shifarraa [2*], Galataa Waaqijiraa [3*]
Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

**Axereraa**

*Qorannoon kun beekumsa asilii oromoo, ilaalchaafi to'annoo dhibee saree maraatuu Godina Wallaga Bahaa Aanaalee Jimmaa Arjoofi Nuunnuu Qumbaa xiyyeeffatedha. Haaluma kanaan kaayyoon qorannoo kanaa Beekumsa asilii hawaasni Oromoo qabu sirnaan galmeessuu, ilaalchaafi mala to'annoo dhibichaa ifa baasuudha. Malli qorannoo kanaa mala akkamtaa, gosa qorannoo abuurraatti dhimma bahuun marii garee xiyyeeffannoofi afgaaffii caaseffamaa gamisaa, ogeeyyii qoricha aadaa, namoota qoricha fayyadamanifi abbootii aadaa irraa odeeffannoon waliiti qabame. Mala iddatteessu akkayyoo fayyadamuun Aanota filataman keessaa gandoota lama lama filachuun marii garee 4 hirmaatota 24, afgaaffii hirmaattota nama 3 walii gala namoota 27 odeeffachuun geggeeffame. Yaaxxinnni aadaa hawaasaa (folk-cultural theory) hojiirra ooleera. Argannoo ijoon uummanni Oromoo bakka qorannoo kanaa beekumsa aadaa cimaa qaba; qoricha aadaa, duudhaa, amantii (afuura) fayyadamuun dhibee kana to'achuufi yaaluuf ka'umsa dhukkubaafi mallattoolee adda baasuu, qoricha qopheessuu, hanga kenninsa murteessuufi kennuu, laguuwwan dhorkaman bu'uureffachuun to'ataa jiraachuu hubatameera. Dhibeen kun hawaasummaa, dinagdeefi xiinsammuu kan miidhu ta'ee ka'umsi isaa sareefi Wangoodha. Dhibicha to'achuuf mala aadaa fayyadamuun filatamaa ta'us, beekamtii dhabuun ogeessotaa, gatiin dadhabbii walmadaaluu dhabuufi qeeqni jiraachuun rakkoo biraa ture. Kanaaf Beekumsi asilii Oromoo, kunuunsi naannoofi walitti dhufeenyi aadaafi ammayyaa laafuun to'annoon dhibichaa guutummaatti akka hin milkoofne waan godhuuf ogeessota aadaa jajjabeessuufi qorannoon dabalataa akka itti fufu gorfama.*

**Article Information**

**Article History:**
Received: 19-08-2025
Revised: 15-10-2025
Accepted: 28-11-2025

***Jechoota Ijoo:*** *beekumsa asilii, dhibee, ilaalcha, saree maraatuu, to'annoo*

**Qorataa Muummee:*
*Taakkalaa Taarikuu*

*E-mail:*
taakkee11@gmail.com

Copyright@2024 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

## 1. Seensa

Dhukkubni Saree maraatuu dhibee yeroo dheeraaf rakkoo ta'eefi lubbuu galaafatudha. Ka'umsi dhibee Saree maraatuu vaayiresii Mononegavirales order, Rhabdoviridae family and Lyssavirus genus akka ta'e qorattootni saayinsii fayyaa beeyladaa ni addeessu (Otte, & Goga, 2005). Dhibeen saree maraatuu irra caalaa Sareen namatti darba. Sareen dhibee kanaan qabamte ciniinuufi moccorraan vaayiresicha gororaan bineensotas ta'e nama faalti. Mallattoon dhibee kanaa Sareerratti mul'atees osoo hin mul'attiin namatti dabarsuu malti (Ravensberg, 2022). Vaayiresiin Saree maraatuu sareerraa gara namaatti darbeen kallattiin sammuu seenuun akka qalbiin darbu taasisa. Dhibeen saree maraatuu yeroon yaalamuu dhabuun lubbuu dhabamsiisuu mala (The center for food security and public health, 2021).

Dhibeen Saree maraatuu ardii Antaartikaan ala ardilee hundatti rakkoo cimaa dha. Dhibee addunyaaf balaa ta'e kana keessaa 95% ardii Eeshiyaafi Afrikaatti mul'ata. Hedduminaan namoota harka qalleeyyii fi baadiyyaa jiraatan irratti miidhaa qaqqabsiisa. Namoonni 70,000 ta'an waggaatti Addunyaarraa dhibee kanaan faalaman keessaa 90% ciniinnaafi moccorraa baattuu dhukubichaarraa nama qunnamuun darba (WHO, 2023). Addunyaarraa dhibichaan waggaatti namoonni 59,000 lubbuun darban keessaa 40% daa'imman umurii 15 gadiiti [John and Christina 2020, Nyasulu PS, et al. 2021]. Hubannoo, yaala ga'aa, sirriitti gabaasuu dhabuu fi heddummachuun sarootaa babal'achuun dhibichaa Afrikaa keessatti sababa (Louis, 2013). Dhibee kanaan waggaatti namoonni 21,476 Afrikaarraa lubbuun darbu (Okoli et al. 2022).

Tamsa'ina dhibee saree maraatuun Hinditti aantee Itoophiyaan sadarkaa lammaffaarra jirti. Waggaatti namoonni 96,657-dhibichaan yeroo faalaman namoonni 2,871 lubbuun darbu (Ali JA, 2022). Hawaasni dhibee Saree maraatuuf hubannoo cimaa qabaatullee xiyyeeffannoo dhabuu, gabaasa sobaafi yaala ga'aa dhabuun faca'iinsa dhibee kanaaf sababa. Sareen baattuufi tatamsaastuu dhibee kanaa akka taatetti fudhatamti. Ciniinnaa saree dhibichaan faalamterraa gororasheen nama ciniinametti darba. Rakkoo kana furuuf Uummanni Itoophiyaa mala yaala ammayyaafi aadaatti dhimma ba'a (Jemberu et al. 2013).

Naannoo baadiyyaa biyyoota hedduu biratti beekumsi aadaa qormaata fayyaa furuu keessatti gahee olaanaa qaba. Uummanni Oromoos baha Afrikaa keessaa isa tokko ta'ee, adda durummaan saba Itoophiyaa keessa jiraatudha. Seenaa isaa keessatti uummanni Oromoo bineensota kunuunsuu, naannoo isaanii waliin hariiroo cimaa qabaachuu,

beekumsa uumamaan dagaagfateen fayyaa ofii isaafi qabeenyaa eeggataa kan turedha. Kanarraa ka'uun beekumsaafi gochoota aadaa (beekumsa asilii) dhalotaan guddifachaa ture fayyadamuun wal'aansaafi ittisa dhibee saree maraatuu to'achuurratti iddoo guddaa uummata qabudha.

Yaad-rimeen beekumsa aadaa (asilii), keessattuu fayyaafi bulchiinsa dhukkubaa wajjin walqabatee bal'inaan qoratameera. Dhukkubni saree maraatuu vaayiresii lubbuu galaafatu, bineensotaafi nama miidhuun addunyaadhaaf qormaata fayyaa hawaasaa yaaddessaa ta'edha (Petros et al, 2014, Smith, 2021). Uummata Oromoo Itiyoophiyaa biratti beekumsi aadaafi amantaan isaa jaarraa hedduuf dhukkuba saree maraattee dabalatee deebii hawaasni furmaata dhibeef kennu qajeelchaa tureera. Sirni beekumsa asilii kun Oromoon dhukkuba Saree maraatuu jedhamuun beekamu kana akkamitti akka adda baasu, hiikuu (ilaaluu)fi to'atu irratti hubannoo kennudha.

Qorichi aadaa walitti qabaa fayyadama baalaa, hidda, jirma, hundeefi quncee mukkeenii, akkasumas sirnaafi raawwilee aadaa biroo dabalatee hawaasa hedduu biratti, addattuu uummata baadiyyaa jiraatu bakka tajaajilli yaala fayyaa ammayyaa argachuun daangeffamaa ta'e keesatti gahee guddaa taphataa kan jirudha (Oromia Health Bureau, 2022). Haala kana keessatti beekumsi asilii uummanni dhalootaan qabu jaarraa hedduuf itti tajaajilamaa jiru murteessaadh. Qorannoowwan hedduun gahee qorichootni aadaa kunuunsa fayyaa beeyladootaa keessatti qaban, keessumaa Afrikaa keessatti qorataniiru. Fakkeenyaaf Alemu (2019) biqilootni uumamaan uummata Oromoo biratti dhibee saree maraatuu dabalatee dhukkuboota beeyladaa adda addaa, yaaluuf itti fayyadamuu kan calaqqisiise yoo ta'u, hojiirra oolmaa isaanii olaanaa ta'uu ibseera.

Akka saayinsii fayyaa ammayyaattis qorannoo hedduun geggeeffamuun dhukkuboota beeyladaa akka CPV *(Canine Parvovirus)*fi kan biroo yaaluun tarkaanfii guddaa kan galmeessedha. Yaala ammaayyaa keessattii talaalliin mala ittisa hunda caalaa bu'a qabeessa ta'uun isaa kan ibsan yoo ta'u, dhangala'oo hidda dhiigaa keessaafi antibaayootikii dabalatee kunuunsi deeggarsaa bineensota dhukkuba kanaan qabaman yaaluuf yeroo baay'ee akka fayyadaman qorannoowwan adda addaa ifoomsu (Otte, & Goga, 2005). Haata'u malee hawaasa bakka qorannoo kanaa biratti malli ammayyaa rakkoo fayyaa kan biraa akka qabu kaasuun uummanni kan aadaa bal'inaan fayyadamaa akka jiru ibsaniiru

Yaada qorannoo keenyaa kan deeggaru Smith (2021) akka ibsetti dhukkuba saree maraatuu salphisuufi fayyisuuf malli aadaa gumaacha guddaafi hawaasa biratti filatamaa ta'uu ibseera. Qorannichi akka ibsutti wal'aansoowwan saayinsiidhaan mirkanaa'an, kan akka talaalliifi kunuunsa beeyladaa bakka bu'aa ta'uun, yeroo baay'ee bu'aa gahaafi amansiisaa ta'e fiduu dhabuu akka qeeqaatti kaaseera. Ragaan qorannoo keenyaan argames kanuma kan dhugoomsu yoo ta'u, hawaasni humna fayyisuu qoricha aadaa kanatti amanuun shaakalaafi muuxannoo yeroo dheeraa waan qabuuf dhibee fayyaa namaafi beeyladaa saree maraatuun faalaman to'achaa kan jiru waan ta'eef qorannoon kun argannee keenya deeggareera.

Dabalataan Qorannoon Girma (2022) geggeeffame akka agarsiisutti, moodelotni walmakaa qoricha aadaafi ammayyaa uummata baadiyyaa biratti bu'aa fayyaa fooyya'aa ta'e kennuu akka danda'an gochaalee aadaafi ammayyaa gidduutti walitti makuun bu'a qabeessa ta'uu ibsa. Moodeloota kanneen keessaa malli aadaa qoricha baala mukaa, soorataafi shaakala afuuraa, gamma ammayyaan immoo yaala idilee kanneen akka talaalli, qorichoota adda addaa walitti makuun kunuunsa fayyaa beeyladootaa irratti mala hundagaleessa ta'e uumuu akka danda'amu mirkaneessa. Qorannoo adeemsifame kanaanis uummatni bakka qornnoo kanaa mala lamaaniin fayyadamaa kan jiran ta'ullee irraa caalaatti gara kan aadaatti luucca'uutu mul'ata.

Qorannoo kanaafis ka'umsi beekumsi waa'ee qoricha beeyladaa guddachaa dhufus, gochoonni aadaa ummata Oromoo biratti wal'aansaafi to'annoo dhibee Saree maratuurratti (CPV) ilaalchisee qorannoon hojjetame xiqqaadha. Qorannoon hojjetame hin jiru jechuu osoo hintaane irra caalaatti gama yaala fayyaa beeylada ammaayyaarratti xiyyeeffachuun qorannoo hedduun hojjetamaniiru.

Gama yaala ammayyaan dhibee kana ittisuun kan jiru yoo ta'ellee, weerarri dhibichaa ammallee kan mul'atudha. Kunis keessummaa naannoowwan kunuunsa beeyladaa argachuun daangeffamaa ta'eefi saffisaan talaalli argachuun gadi bu'aa ta'ettidha. Dhibeen ku du'aatii namaafi beeyladaa olaanaa qaqqaabsiisaa kan jiru ta'uun abbootii qabeenyaa beeyladootaa, ogeeyyii fayyaa aadaafi ammaayyaa maraaf yaaddoo guddaa ta'eera. Qorannoon kunis beekumsaafi hojimaanni uummata Oromoo haala yaalafi to'annoo dhibee Saree maraatuu irratti gumaachu qorachuun bu'a qabeessummaafi qoricha ammaayya cinatti hawaasni akka itti fayyadamu jajjabeessuufi madaaluuf kan akeekedha.

Qorannoon kunis mala akkamtaan, gosa abuurraatti dhimma ba'uun mata duree Ilaalcha, Beekumsaafi To'annoo Saree Maraatuu Godina Wallagga bahaa, Aanaa J/Arjoofi Nuunnuu Qumbaarratti geggeeffameen rakkoo jiruuf fala dhahame dha. Haaluma kanaan kaayyoleen qorannoo kanaa (1) Beekumsa hawaasni Oromoo dhibee saree maraatuu yaaluurratti qabu, (2) Ilaalchaafi hubannoo hawaasni Oromoo dhibee kanaaf qabuufi (3) karaa aadaan dhibee kana yaaluurratti danqaafi carraalee jiran xiinxaluudha.

Barbaachisummaa (Faayidaan) qorannoo kanaas, [1] Beekumsa aadaa eeguu: beekumsa asilii uummata Oromoo walii gala, keessattuu bakka qorannoo sababa ammayyummaafi tekinoloojiin faalamuun hirkattummaa qoricha ammayyaa dabalaa dhufeefi baduuf, balaadhaaf saaxilamaa jiru kunuunsuu, kuusuufi galmeessuuf ni gargaara.[2] Fayyummaa beeylada fooyya'aa ta'e karaa aadaan uumuu:naannoowwaan yaala beeyladaa idilee argachuun daangeffamaa ta'etti gochaalee yaala aadaan dhibee kana yaaluu, to'achuun fooyyessuun nidanda'ama.[3] Qaawwaa jiru cufuu: damee bal'aa walitti hidhaminsa fayyaa namaa, beeyladootaa, bineensotaafi naannoof beekamtii kennuuf gumaacha guddaa qaba. Mala aadaafi ammayyaa walitti makuun bulchiinsa dhukkubaaf bu'uura hundagaleessa dhiyeessuu danda'a.

## 2. Malleen Qorannichaa

Qorannoon kun mala qorannoo akkamtaa *(qualitative research)*, madda ragaa tokkoffaafi lammaffaa, malleen funaansa ragaalee itti dhimma bahaman immoo afgaaffii, marii garee xiyyeeffannoodha. Madda ragaa tokkoffaa keessatti marii garee xiyyeeffannoo afur (4) miseensota hawaasaa waliin gurmaa'uun beekumsa waloofi ilaalcha wal'aansa aadaa dhibee saree maraatuu irratti hubannoo jiru walitti qabuuf kan gargaaredha.

Mala qorannoo akkamtaatti, gosa abuurraatti dhimma ba'uun ilaalcha, beekumsaafi mala to'annoo saree maraaturratti geggeeffamedha. Fiixaan ba'iinsa qorannichaaf gandoonni lama lama aanota lamaanirraa kan filatamaniifi mala iddateessuu miti carraa keessaa akkayyoofi darbaa dabarsaatti dhimma ba'ameen od-himtoonni hawaasa iddoo qorannichaa bakka bu'anii fi ragaa quubsaa kennuu danda'antu filatame. Marii garee afur (4) od-himtoota 24 fi od-himtoota ijoo maanguddoota 3 fayyadamuun odeeffannoon kan argatame dha.

Afgaaffii walakkaa caaseffama gamisaa qabu fayyadamuun ogeeyyii fayyaa aadaa kan saree maraatuu, namoota dhibee kanaan yaalamanii fayyaniifi muuxannoofi mudannoo qaban waliin geggeeffameera. Yeroo kanas gochaalee aadaa yaalaafi to'annoo dhibee saree maraatuu keessatti fayyadamaniifi gahee gochootni kun

hawaasa keessatti qaban irratti xiyyeeffachuun ragaan kan fudhatamedha. Madda ragaa lammaffaa keessatti qorannoowwan maxxanfaman, kunuunsa beeyladaafi gochaalee yaala aadaa Oromoo irratti sakatta'uun argannoowwan barreeffamoota jiran wajjin wal bira qabuun sakatta'ameera. Malli qaaccesaa ragaalee hojiirra ooles qajeelfama xiinxala mata duree (Thematic analysis) hordofuun ragaalee waliiti qabame barreeffamatti jijjiiruu, odeeffannoo walitti qabame sirnaan qindeessuu, madaaluufi hiikuu kan hordofedha.

Yaadiddamni qorannoon kun bu'uureffate yaadiddama aadaa hawaasa (Folk-cultural theory)dha. Yaaxxinni kunis aadaa afoolaa beekumsi aadaa, duudhaalee afaaniin dubbataman, amantaa, afuuraafi seera hawaasummaa dabalachuun gochaalee fayyaa hawaasaa bochuufi qajeelchuun qorachuuf bu'uura gatii guddaa kennudha. Hayyootni akka Johann Gottfried aadaan uummataa eenyummaafi ilaalcha addunyaa aadaa uummata tokkoo kan calaqqisiisu ta'ee, seenaa, sirnaafi beekumsa qabatamaan ibsama ejjennoo jedhu qabu. Boodarras hayyootni afoolaafi antiroopoolooojii kanneen akka Alan Dundes fi Richard Dorson beekumsa akkasii dhalootatti dabarsuu, gatii hawaasaa eeguufi qormaata akka dhukkubaaf deebii kennuun qajeelchuu keessatti barbaachisummaa duudhaa afaaniin dubbatamuu sirriitti ibsaniiru. Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti yaaxxina aadaa hawaasaa haala uummata Oromoo keessatti hojiirra oolchuun aadaa (beekumsa asilii), amantaa (ilaalcha)fi gochootni hawaasaa (hubannoofi to'annoo) dhukkuba saree maraatuu irratti dhiibbaa akkamii akka qabu hubachuuf nu gargaareera. Yaaxxina kanaan beekumsa, ilaalchafi to'annoo Oromoo dhibee saree maraatuurratti qabu qorachuun gara fuulduraatti fayyaa hawaasummaa karaa aadaan fooyyessuuf gumaacha kennuu danda'eera.

## 3 Xiinxala Ragaaleefi Aragannoowwan

### 3.1 Hubannoo ka'umsaa dhibee Saree maraatuu

Dhukkubni saree maraatuu dhibee cimaa lubbuu galaafatuufi qisaasa'ina dinagdee qaqqabsiisu dha. Hawaasni iddoo qoranichaa dhibeen Saree maraatuu; "Dhibee Saree gadheefi dhibee Saree qalbiin darbee" jechuun waamu. Sababni Oromoo biratti saree maraatuu jechuurra 'saree qalbiin darbee jedhamuuf jecha maartuu jedhu safeeffachuu, lagachuu, waan badaafi fafaa akka ta'e mul'isuuf cina qabaan maqaa biraan waama. Akka hubannoo hawaasa iddoo qorannichaatti saree, wangoo, yeeyyii, sooyanbiifa, adurree, illeettiifi simbira halkanii baattuu dhukkubichaati. Kanas hawaasni ilaalchaafi hubannoo mataasaa fayyadamuun bineensotni

kunneen uumamaan waltuttuqqaafi hariiroo waliinii akka qaban nibeeka.

Dhibichi sababa beelaafi dheebuun waktii eeggatee qaama keessaa dammaquu akka danda'u ibsaniiru. Kana jechuun wal'aansa beeyladootaa eeguun, kunuunsuufi hordoffii yeroo yeroo taasisuun dhibee kana to'achuuf murteessaadha. Maraatummaan ka'umsa dhibee saree maraatuu akka ta'etti hedduminaan ibsamus hirmaattonni muraasni gosaafi maqaa wallaalanis vaayiresii akka ta'etti hubatu. Hubannoon iddoo qorannichaa dhibeen saree maraatuu hedduminaan waktii birraafi arfaasaa akka ka'u addeessa. Argannoon qorannoo Nugussie et al, (2023) mata duree "*Retrospective study of rabies cases rported at St. Luke Hospital and community awareness in Waliso*" jedhu keessatti hubannoo hawaasaa saree maraatuu Walisootti geggeeffameen dhibeen saree maraatuu waktii birraafi arfaasaa akka cimu ibseera. Kanaaf, hubannoofi beekumsi hawaasaa saayinsii fayyaa durayyuu yaada kana waan mirkaneessuuf bu'uura ammayyaa ta'uu nama hubachiisa.

Akka qorannoo keenyaatti birraafi arfaasaan ka'umsa dhibee kanaaf sababa ta'uun, Wangeefi saroonni waktii birraa asheeta boqqolloo barbaachaaf daangaa walii sarbuun akka jiru hirmaattonni ifoomsan. Waktii birraa saroonniifi wangoon soraaf (gaana, ariisaa), Waraabessi cagginoof sochii taasisan keessatti carraa wal-arguu akka qaban hirmaattonni ibsaniiru. Kunis kan agarsiisu birraan dhala namaa qofaaf osoo hin taane bineensotaafillee waktii ifaa, waktii bineensotni sababa roobaaf, dukkanaaf kan wal hin argin turan birraa wal arguufi kaka'umsa miiraa isaaniillee itti ibsatan akka ta'edha.

Gogiinsa arfaasaa keessas saroonni, wangoon, yeeyyiifi waraabessi iddoo ija harbuu, baddeessaa, goosuu, qilxuu, goraa fi hudhaa sooratanitti akka wal argan ibsaniiru.Waktii lamaan kana wangoon saroota ciniintee dhibee maraatummaa itti dabarsitu hirmaattonni ibsan.Argannoon qorannoo Nyasulu et al, (2020) akka mul'isutti dhibee Saree maraatuu waktii birraafi arfaasaa sochii taasisan keessatti bineensonni kunneen wal-ciniinuufi moccoruun dhibicha walitti daddabarsan ifoomseen argannoo keenya deeggareera. Walumaa galatti waktiin birraafi arfaasaa ka'umsa saree maraatuuf ijoo yoo ta'an, birraa wanti sooratamu bal'inaan waan jiruuf bakka waan nyaatamu kanaatti kan wal arganiifi arfaasaa immoo soorata barbaachaa yeroo adeeman dhibee kana akka dabarsan kan hubatamedha.

### 3.2 Hubannoo daddarba dhibee saree maraatuu

Akka ragaa qorannoo kanaan argametti bineeldota manaa keessaa sareen adda durummaan dhibee kana daddaabarsuu dandeessi. Sababni isaas manaafi bakkeetti tuttuqqaa waan baay'iftuuf carraan dhibee kanaan qabamuushee bal'aa akka ta'e dubbatu. Argannoo qorannoo keenyaa kana kan deeggaru Nugussie et al (2023) akka ibsanitti dhukkubni saree maraatuu bakka tokkotti kan argamu yoo ta'u, dhukkuba kana kuusuufi babal'isuu keessatti saroonni keessummeessituu jalqabaa ta'uu ibsaniiru.

Sareen wangoon ciniinamte mallattoo dhibichaa osoo hinmul'isiin, irrattis hinbeekamiin ciniinnaa fi moccorraan dhibicha namaafi beeladootatti tamsaasuu akka dandeessu hayyuun qoricha aadaa Yaadasaa Jaallataa ibsan. Haata'u malee, akka hubannaa hawaasa bakka qorannoo kanaatti yeroodhaa yerootti beeladoota dhibbee kana daddabarsuu danda'an keessattuu sareefi adurreef qoricha aadaa waan kennaniif mallattoo mul'isuu baataniyyuu alkallattiin dhibicha to'achuu danda'u.

Ragaa himaa Sh/Huseen Qaanquree akka ibsanitti, bineeldonni dhibee saree maraatuun faalaman torbee lamaa hanga sadiitti mallattoo osoo hin agarsiisiin turuu fi kan biroos faaluu akka danda'an hubannoo isaanii kaa'aniiru. Ogeessotni qoricha aadaa kanas hubachuu kan danda'an guyyaa taateen kanaan walqabatu shakkan irraa eegaluun dhimmi kana hordofuu jalqabu. Akkasittiin hanga turtii mallattoon mul'achuu dhibee kanaa adda baafatu. Sareefi Adurreen tutuqqaan walii walittifi namatti carraan dhibicha daddabarsuu bal'a ta'uutu ibsame. Dhibichiirra caalaa ijoollee, namoota umuriin raaganifi beelladoota akka faalu ogeessonni aadaa ifoomsaniiru.

Daa'imman amala isaaniin buchullota saree waliin taphachuufi qaqqabachuu jaallatu. Adeemsa kana keessa sareen akka tasaa dhibee kanaan faalmtee jirtu akka salphaatti ijoolleetti dabarsiti. Karaa biraa daa'imman dandeetti humnaan waa ofirraa ittisuu hin qaban. Maanguddootni umuriin deemes saree dhibee kanaan faalamtee itti dhufte baqatanii jalaa bahuufi ofirratti rukutuu waan hin dandenyeef carraan faalamuu isaanii bal'aadha. Argannoon Mapatse et al, (2022), Ali, (2022) dhibeen saree maraatuu moccorraa, cinniinnaafi afuuraan akka daddarbu ifoomsuun qaamonni irra caalaatti saaxilamoo ta'an namoota humna dhabeeyyii rakkoo qaamaafi qalbii qaban, daa'imman, beelladdota waan addeesseef argannoo keenya nitumsa.

Ariitiin mul'achuu dhabuun mallattoo saree maraatuu dhibichi saffisaan akka faca'u

taasisuurra darbee miidhamtoonni sadarkaa irraa hin fayyinerra geessisuun lubbuun akka darban hirmaattonni marii gareen ibsaniiru. Mallattoon Saree maraatte amala jijjiirratti, boqonnaa ofdhorkatti, lola heddumeesiti, gororuu baay'isti, nyaata lagatti, ciniinnaaf kakaati, eegee buustee joorti, ciiftee titiisa funaanuufi laddaan walitti citee akka ciistu od-himtoonni afagaaffii taasifameen hubatameera. Yaada raga-himtoota kanaa akka ibsutti dhibeen saree maraatu amala dafee mul'achuu dhabuufi harkifannaa kan taasisu, riphee qaama keessa tamasa'uun hanga yaaluuf ulfaataa ta'utti gahuu kan agarsiisudha. Mallattoowwan eeraman hanga hin mul'annetti namootni itti dammaquu dhabuurraan kan ka'e erga mallattoon kun mul'atee to'achuuf ulfaataa ta'uufi bal'inaan tatamsa'uu kan agarsiisudha.

Turtiin mallattoo agarsiisuu saree maraattee kutaa qaamaa isheen ciniinamte irratti akka hundaa'u ibsaniiru. Kana jechuun dafee mul'achuufi dhiisuu murteessuuf kutaa qaamaa isheen ciniinte murteessaadha. Mudhii ol ciniinamnaan dhibichi saffisaan gara sammuutti waan ba'uuf yeroo muraasa keessatti mallattoo maraatummaa irratti mul'atuufi mudhii gadi yoo ciniinamte mallattoon suuta irratti akka mul'atu hirmaattonni ifoomsaniiru. Argannoon qorannichaa, qorannoo (Adane et al, 2022) mata duree Ilaalcha, Beekumsaa fi Raawwii dhibee Saree maraatuu naannoo Amaaraatti dalagame mul'isutti dhibeen Saree maraatuu mallattoon mul'achuun booda battalatti yaaliin fayyuun kan danda'amuufi sadarkaa dhumaarra geenyaan carraan fayyuu xiqqaa akka ta'e kaa'ameera. Namni ciniiname akkuma bineeldoota biroo mallattoo gororuu, nama ciniinuu, fiiguufi nagaa dhabuun dhuunfatamuun akka of dararutu ibsame. Hubannoon hirmaattotaa akka mul'isutti, sareen maraatte ofwallaaltee bineensotaafi beeladoota ciniinuun dhibee maraatummaa akka itti dabarsitu dha. Haala kanaan saree maraattee dhibee sana daddabarsitu fayyisuun waan hin danda'amneef battalatti ajjeessuun gubanii awwalun, namas ta'e horii ishee faaltemmoo ariitiin qoricha aadaa kennuu yaaliin fayyisuun akka danda'amudha.

### 3.3 Hubannoo To'annoo Dhukkuba Saree Maraatuu

Qorannoon garaagara akka agarsiisutti hawaasa Afrikaa hedduu biratti, uummata Oromoo dabalatee bineeldotni, keessumaa sareen akka qaama jireenya guyyaa guyyaa keessatti murteessituu taatteetti ilaalamti. Uummata Oromoo birattis sareen tiksuu, eegumsaaf, adamsuu, hiriyummaaf kan ooltu yoo taatu, Oromoon nageenya bineeldotaaf bakka guddaa kan kennudha. Qaama beekumsaa gadi fagoo kunuunsaafi yaala

beeyladaan walqabatu horatee qaba. Beekumsi Kun beekumsa asilii jedhamuun kan beekamu qorichaa qaama mukeen garaagaraa, albuudota, qaama bineensotaafi shaakala afuuraa yaala, to'annoofi ittisa dhukkuba saree maraatuuf taasifamu irratti hubannoo guddaa kan qabudha.

Akka ilaalchaafi hubannoo hawaasa bakka qorannoo kanaatti dhibee maraatuummaaf saaxilamuun dura sarootaaf nyaataa fi bishaan ga'aa sooruun fedhiishee guutuun qe'eerraa fagaattee deemuurraa qoqqobu. Yaadni raga-himtoota kanaa kan agarsiisu sarootni yoo beelofte, dheebbotteeefi fedhiinshee guutamuu baate waan fedhiishee barbaacha ollaafi bosona, akkasumas gara maasii ooyiruu adeemti. Adeemsa kana keessa carraan dhibee kanaan qabamuufi kan biroos faaluu waan babal'atuuf hubannoofi ilaalcha qaban irraa ka'uun sarootaaf kunuunsa barbaachisaa akka taasisan hubachiisa.

Hubannoo qabanitti fayyadamuun saroota qe'eetti guddifatan dhalattee xiqqummaan qarqara eegeeshee muruun dhiiga qeensanii nyaata waliin sooru. Kunis, waan lamaaf akka ta'e eeruun tokkoffaa dhibee boodarra ishee mudatuuf annisaa dandamannaa akka horattu taasisa. Inni biroon jagnummaa akka qabaatu godha.  Kanarraas kan hubatamu saree eegee muruun haala aadaan gootummaa horattee sirriitti qe'ee eeguu fi soroobbaa irraa walaba taatu godha. Yeroo kana carraan dhibee maraatummaan qabamuufi kan biraas faaluushee dhiphaa ta'uu xiinxalli qorattootaa nimul'isa.

Dabalataan dhibeen biroofi raammoon garaa keessaa akka hin horreef qorsa aadaa nyaata waliin akka kennamu hirmaattonni ibsaniiru. Raammoon ogeessotni kaasan kun kan yeroo sareen faalamtu turtii yeroo booda sababa sanaan garaatti horudha. Akka hubannoo ogeessotaatti raammoon eerame kun maraatummaan saree sanaa erga mirkanaa'e booda garaa keessatti walhoruun akkuma sareetti dutuu eegalti. Karaa biraa sarootni sababa beelaa, dheebuu, dararama adda addaan dhukkubsachuu danda'u. Dandeettiin sarootni fayyaafi dhukkubsatoon dhukkuba maraatummaa ofirraa ittisuuf qaban garaaraga waan ta'eef dursanii fayyummaa isaanii to'achuun barbaachisaa akka ta'e qorannoon kun ifoomseera.

Afoola Oromoo "*Osoo goondaan hin dhufin daaraa sararatu*" akkuma jedhu, Oromoon waan fuulduratti ta'u raaguun fala dhawata. Haaluma kanaan xiinxalli qorattootaa kan agarsiise saree ofiif guddise rakkoo gara fuulduraatti itti dhufuuf dandeettii dhukkuba ofirraa ittisuu dursee qoricha obaasa. Sarootni haala kanaan eegaman dhibeen maraatummaa yoo isaan mudatellee humna dhukkuba ofirraa

ittisuu qaama keessaa waan qabaniif salphaatti saaxilamuu hin danda'an.

Mala yaala aadaan ta'uu baatus namoonni buufata yaala beelladaatti dhiyeenya qaban dhukkuba duraafi booda saroota talaachifachaa akka jiranis (WHO, 2023, Petros, 2014) ibsaniiru. Haa ta'u malee Oromoon falaasama kana dursee kan beeku dukkuba duraafi booda mala dhawachuu akka danda'u ragaan olii waan mirkanneessuuf argannoo qorannoo keenyaa kan deeggarudha.

Akka ogeessotni qoirchaa jedhaniitti hubannoofi to'annoon kan taasifamu guyyaa sareen sun shakkamterraa eegalee amala, qor-qalbii, naamusaafi sochii hordofuun adda baasu. Mallattoon dhibee saree maraatuu beeladootarrattis ta'e namarratti guyyaa shanii hanga guyyaa kudha afuriitti mul'achuu mala. Argannoon qorattootaa kan mirkaneesse turtiin mul'achuu dhibee kanaa giddu galeessaan guyyaa 4-14 ta'uu hubachuun dhibichaan osoo hin faalaminiifi erga faalamanii booda kununsi sarootaaf taasifamuuf tokko akka hin taane hubataniiru.

Hubannoofi mallli to'annoo dhibee kanaa sarees ta'e adurreen dhibichaan shakkamte dhibicha akka hin taamsaasneef battalatti ajjeefamuun gubamtee owwaalamti. Kanneen hafan namaafi beelladootarraa fagaatanii hidhamuun mallattoon dhibichaa irratti muldhachuuf dhiisuu hanga torban sadiitti hordofamu.

Yaada ragaa himtootaa kanarraa qorattootni kan hubatan bineeldota dhibee kanaan faalamuun mirkanaa'eefi tatamsaasuu danda'an dhabamsiisuun kanneen shakkaman immoo yaalaafi to'annoo barbaachisaa taasisuun bayyanachiisuu akka danda'an argataniiru. Dabalataan dhibee kanaan kan shakkamaniifi faalamuun isaanii sirriitti beekame hunda dhabamsiisu osoo hin taane keessattuu baattoofi tamsaastuu dhibichaa sareefi adurreef carraa yaaluu osoo hin kenniniif atattamaan kan ajjaafaman ta'uu hubatameera. Argannoon Petros et al, (2014) yeroof beelladoota dhibee kanaan shakkaman bakka tusiisa addaa qopheessuun adda baasuun akka danda'amu ibsee waan jiruuf bu'aa argannoo keenyaa ni tumsa.

Hubannoon iddoo qorannichaa yaalli Saree maraatuu mala aadaafi ammayyaan kan geggeeffamu ta'ee irra caalaan mala aadaa hojiirra oolchaa akka jiran agarsiisa. Yaala lammanirratti yaadni garaagaraa ka'ee, lammanuu gaarummaa fi miidhaa akka qaban od-himtootaan ifeera. Salphaatti naannoorraa qarshii xiqqaan yaalamaniifi daawaan fudhatanis amansiisaa ta'e yaala aadaa ta'uu ibsaniiru. Kanneen sodaafi amantaa qoricha aadaarraa dhubuun yaala ammayyaatti dhimma ba'uun jiraatanillee qorsasaa ammayyaa

argachuun rakkisaa akka ta'e himu. Yaadni oduhimtootaa akka agarsiisutti, dhukkubsataan qorsa ammayyaa argachuuf godiina tokkorraa gara godiina biraatti socho'uun qisaasa'ina yeroo fi dinagdeen miidhamuurra darbee turtii yeroon sadarkaa irraa fayyuu hin dandeenyerra ga'uun lubbuun darbaa jiraachuu ibsaniiru. Qorichi ammayyaa dhibee saree maraatuuf handhuura keessa waraanama. Kun immoo hidda handhuuraan waan walqabatuuf ba'aa ulfaatu baachuu, tabba bahuufi hormaataa irrattilee rakkoo akka qabu ibsaniiru.

Kanaaf argannoon qorattoota kanaa akka agarsiisutti mala aadaan dhibee saree maraatuu to'achuun filatamaa ta'uu, baasi xiqqaafi naannootti kan argamu, malli ammayyaa dadhabbii guddaa kan gaafatuufi dhibee biraaf kan nama saaxilu ta'uu hubatameera.

### 3.4 To'annoo Oromoo dhibee Saree Maraatuu

#### 3.4.1 Qophii Qorsa Aadaa

Ilaalchi Oromoon dhibee saree maraatuu to'achuurratti qabu keessaa qophiin qorichaa isa tokko. Qophiin qorsa aadaa biqiloota, albuudotaafi bu'aa bineeldotaarraa ogeessota aadaabeekumsaafi muuxannoo qabaniin hawaa saan beekamtii gonfatantu raawwata.

Qophiisaarrattis ogummaafi eeggannoo cimaan akka raawwatan ogeessonni isaa ibsanii jiru. Ogeessonni borumtii qorsa qopheessanii kaasanii quunnamtii saalaarraa ofqoqqobuun bishaan qulqulluun dhiqatanii gaaddidduu lagatanii qorsa muru. Akka hiika hawaasaatti walquunnamtiin saalaa kabaja, iccitii abbaa manaafi haadha manaatti amanu. Yeroo walquunnamtii raawwatan xuriin (dhangala'aan) akka tasaa qaamatti bu'uu waan hin oolleef namni qoricha qopheessu akka tasaa qaama isaa osoo hin dhiqatin yoo qoricha qopheesse qorichi sun hojiirra kan hin oolledha.

Dubartoonni ogeessa qorsa aadaa ta'anis guyyaa marsaan laguu irra jiru qorsa qopheessuu akka hindandeenye ibsaniiru. Adde Xurunesh Beekumaa ogeessa qoricha aadaa kan ta'an akka ibsanitti qophiin qorichaa qulqullummaa qaamaafi qalbii waan gaafatuuf yeroo daraaraan ji'aa dubartiirra jiru qoricha qopheessuu, kennuufi fudhachuun dhorkaa akka ta'e ibsaniiru. Falaasama duubasaa jiru akka qorattootni gaafatanitti, dhiigni ofiisaafuu gaaddidduu akka ta'etti amanama. Yoo kennanis yookiin fudhatanis humni qoricha sanaa sababa gaaddiduu dhiigaa (qulqullummaa) dhabuu qaamaan dhukkuba sana fayyisuu kan hin dandeenyeefi humna isaa laaffisuun dhukkubicha daraan hammeessuu waan danda'uuf dhoksaan jiru kana fakkaata.

Walumaa galatti, dhimmoota lagannaalee walquunnamtii saalaafi marsaa laguun walqabatee argannoon qorattootaa kan

ifoomse, qophii qoricha aadaa keessatti lagannaafi gaaddiduu eeguun safuufi kabaja qorichaa eeguu, dandeettii fayyisuu qorichaa dabaluu akka ta'e hubatameera.

Yoomessa qophii qorichaa ilaalchisuun ganama barii, afaan buleen, laguu eeggatanii bosona bu'anii bu'aa biqilootaa, albuudotaa fi bineensotaa dhibee sana furan funaanuun dhoksaan qorsicha qopheessu. Dhoksaan qophii qorsa aadaa hicitiin ta'uu akka malu hirmaattonni ifoomsaniiru. Maalirraa akka qophaa'us kan beeku ogeessota qorsa aadaa malee namni hundi hubannaasaa akka hin qabne himu. Kabaja qorsa qopheessaniif, ogummaa isaanii fi dinagdee irraa argataniif jecha iccitiin qophiisaa akka raawwatan ibsu. Ogeessonni qorsa aadaas ijoollee qaban hunda barsiisu osoo hin taane kan ayyaanni isaanii eyyameef qofa akka ta'e ibsaniiru.

### 3.4.2 Kenninsa Qorsa Aadaa

Dhibeen saree maraatuu yaalamuu danda'a. Qorichi aadaa to'annoo dhibee kanaaf humna guddaa kan qabudha. Dhibee kanaaf kanneen saaxilaman mallattoo agarsiisuu eegalaniifi itti hammaatu guyyoota cagginoo (dafinoo, roobiifi jimaata) kan qabamaniifi itti cimudha. Akka ilaalcha hawaasaafi ogeessotaatti cagginoon waan fuggisoo, guyyoota dhukkubni itti hammaatu, guyyaa milkii ilaalchuuf hin mijanne akka ta'etti amanu. Qorsi aadaas guyyoota cagginoorra akka kennamu ibsaniiru. Sababni qorichi cagginoorra kennamuuf akkuma armaan dura ibsame dhibeen kun ka'umsi isaa guyyaa cagginoo waan ta'eef dhukkubichi guyyoota kana waan itti cimuuf isaa ho'inaan qaama keessa jiru tasgabbeessuuf guyyoota kanarra akka kennamu ilaalchi hawaasaa mirkaneessa.

Cagginoon guyyaa waraabessi, sarootniifi wangoon walquunnamtii saalaa (sorsa, gaana, ariisa) hedduminaan keessa raawwatanidha. Yeroo cagginoo kana keessa bineensotni kun nagaa dhabuu, iyyuu, oliifi gadi jooruu waan baayi'saniif dhibeen saree maraatuullee yeroo kana keessa akka baay'atu amanuun hawaasni of eegganoo akka taasisuufi dursee ofeeggannoof qoricha akka kennu hubatameera.

Hangaafi haala kenninsaan wal qabatee hubannoo ogeessotaa akka agarsiisutti, safartuun qorsa aadaa shiinii, osoo shiniin hin dhufin dura gaanfarraa kan hojjetamu waancaa xixiqqo (malakkee) fi quba moggee dha. Shinii yookiin malakkeetti bulbulamee quba moggee cabsaa isa jalqabaarratti madaalamee akka kennamu ogeessonni aadaa ifoomsaniiru. Kenniinsisaa saala, umurii, fayyalessummaafi hanga qaamaarratti hundaa'ee kan kennamudha. Namaafi beelladootaaf kan kennamus garaagaummaa qaba. Beelladootaaf hedduminaan kan kennamu ta'ee namaaf garuu hangisaa xiqqaa dha. Ijoolleefi dubartootaaf hangi kennamu xiqqaa ta'ee, ga'eessotaafi

fayya buleessotaaf irra jireessaan akka isaan madaalutti kennama. Kenniinsa qorsa aadaarratti dubartoota garaatti baataniifi daa'ima nyaata hin eegalleef eeggannoo jabaan akka taasifamu ogeessonni himaniiru. Dubartoota garaatti baataniif xinnaatee yeroo kennamu, daa'imman umuriin xiqqaaf qorsa quba cuubanii arraba dibuun akka liqimsiisan ibsu.

Hubannoon qorattootaa kan ibsu uummanni Oromoo bu'uura waan hundaa ammayyaa akka ta'eefi dhibee kana to'achuu keessatti safartuu waaltawaa aadaa qabaachuu hubatu. Safartuu kana baafachuu qoriuchi sun humna namaan olta'ee akka badii hin geessifneefi hangi kennamuu qabullee haala dhukkubsataa sanaarrtti hundaa'uun garaagarummaa akka qabu hubatameera.

Namoonni dhibee saree maraatuun faalaman qorsa aadaa fudhachuun dura qor-qalbiin qophaa'uufi tasgabbaa'uun dirqama akka ta'e od-himtoonni ibsu. Ogeessonni aadaa guyyaa cagginoo obboroo garaa duwwaatti aannanykn barakaa bunaan waliin makanii qorsa qopheessan safaruun dhukkubsataa obaasu. Kunis ulfaatinaa fi dhangaggaa'ina qorsichaa tasgabbeessuuf akka fayyadu ibsaniiru. Namni dhibee saree maraatuun faalameera jedhamee shakkame guyyaa guyyaa shanaffaa eegalee qorsa aadaa fudhachuu danda'a. Qorsa aadaa fudhatanii olguurraafi garaa kaasaan yoo jiraate dhibichaan qabamuufi qorsichi sirriitti hojiirra oolmaasaa agarsiisa. Mallattoon kun marsaa jalqabaarratti kan hinmul'anne yoo ta'e haga marsaa sadiitti fudhachuuf dirqamu. Marsaa sadaniinuu mallattoo kanhin mul'isne yoo ta'e, dhibee sanarraa bilisa ta'uu waan agarsiisuuf qorsa fudhachuu ni dhaaba.

### 3.4.3 Lagannaa

Dhibee saree maraatuun faalamanii qorsa aadaa yeroo fudhatan nyaatas ta'e dhugaatii humna qorsa sanaa laamshessan irraa of-qusachuun dirqama akka ta'e hirmaattonni ibsan. Dhukkubsataan mala aadaan yaalamu bu'aa foonii kamiyyuu hanga baatii sadiitti nyaachuun dhorkaa yeroo ta'u; buphaa, foon lukkuu, foon re'ee, foon dheedhii, baaduufi buqqee nyaachuun hanga baatii ja'aatti eyyamamaa miti. Akka hirmaattonni ibsanitti, sooranni kunneen dhukkubichi qaama namaa keessa riphee taa'ee yeroo haala mijataa argatu deebi'ee namatti ka'uu mala jedhanii amanu.

Yaada hirmaattota kanaa akka ibsutti namni nyaataafi dhugaatii qaama isaa ijaaru yeroo dhibee kanaan faalamee jiruutti fayyadamuun sirrii akka hin taaneefi hanga dhukkubichi raawwatee badutti laguuwwan kan eeguun dirqama akka ta'edha.

Qorsa aadaa fudhatanii hanga guyyaa sagaliitti laga ce'uun, bishaan dhuguun, quunnamtii saalaa raawwachuufi qe'eerraa fagaatanii deemuun dhorkaa akka ta'e ifoomsan.

Gaaddidduuf of saaxiluufi seera lagannaa kanneen cabsuun dhibicharraa dandamachuu dhabuun balaa biraaf akka saaxilutti hubatu. Dhukkubsataan qorsa aadaa fudhatu hanga bultii sagaliitti soorata addaa qaama jabeessuufi farsoo buqurii furdaan sooramuu akka qabu hirmaattonni ibsaniiru.

### 3.4.4 Danqaalee fi Carraawwan

Iddoo bakka qorannoo kanaatti mala aadaan dhibee saree maraatuun yaaluun baratamaa ta'us danqaaleen akka jiru ifoome. Ogeessonni qorsa aadaa yeroofi humna isaanii aarsaa gochuun lafa fagoo deemanii qorsa qophaa'e sana yeroo kennan gatiin irreesaa isaan argatan dhadhabbii isaanii kan hin madaalledha. Yeroo rakkoon kun dhufu ogeessota kanarraa tajaajilamuun ala beekamtii isaan kennaniif hin jiru. Dhalootni haala kana keessatti guddatte ogummaa kana dhaaluu waan hin barbaanneef ogeessotni dhaloota osoo hin barsiisin lubbuun darbu. Irra jireessa qorsa aadaa biqilootaafi bu'aalee bineensotaa irraa kan qophaa'udha. Biqilootni madda qorsa aadaa ta'an hongee, cirama, gubinsa, dheedichaafi qonnaan akka manca'antu hirmaattotaan ibsame.

Namootni ogummaa kana osoo hin dhaalin waanuma arganiifi dhaga'an irraa ka'uun qorsa qopheessuufi kennuu yaaluun ogummaan ala waan ta'eef lubbuu namaa miidhuu mala jechuun hirmaattonni soda qaban ibsaniiru. Qormaatni ijoo kunuunsa beeyladaa aadaafi ammayyaa walitti makuu keessatti mul'atu, aadaan jijjiirama mormuu, hanqina qabeenyafi tajaajila fayyaa beeyladaa idilee argachuu daangeffamuudha. Haa ta'u malee, qormaanni kunniin carraa barnootaa, leenjii, dhaqqabummaafi tumsa ogeeyyii beeyladaafi ogeeyyii fayyaa aadaa gidduutti taasifamuufis ni uumu. Garee lamaan gidduutti marii guddisuudhaan hawaasni fayyaa saree irratti mala lamaan irraa fayyadamuu danda'a.

### 3.4.5 Goolabaafi Argannoo

Qorannoon kun beekumsa asilii Oromoo, akkaataa yaalaafi to'annoo isaarratti kan bu'uureffatedha. Kanarraa kan ka'e Beekumsi asilii Oromoo akkaataa dhibee saree maraatuu hubachuuf qabu, kallattii aadaafi amala hawaasaa irratti akka hundaa'u qorannoon kun agarsiiseera.

Argannoo qorannoo kanaatiin, uummatni Oromoo sirna kunuunsa fayyaa beeyladaa akkaan ulfaataa ta'eefi mallattooleefi haala ittisa dhukkuba Saree maraatuu (CPV) hubannoofi beekumsa mataasa kan qabudha. Dhibee kana adda baasuuf ilaalchaafi hubannoo mataasaa fayyadamuun hubannoo amalaafi qorannoo qaamaa taasisisuun ka'uumsa, mallattoofi sababa dhibee kanaa namaafi beeyladarratti adda baasa.

Mallattoowwan beekamoo mul'atan jijjirama amalaa, fidhii nyaataa gadi bu'aa, bifa qaamaa (rifeensa dhaabuu, dadhabii, madaa gogaa, gorora maddisiisuu kan dabalatudha. Gaaga'amaafi miidhaa dhaqabe to'achuuf qorichaa aadaa qaamolee biqilootaarraa, albuudota, shaakala afuuraan dhibicha akka to'atan hubatameera.

Argannoon qporannoo kanaa inni biroon ka'umsa dhibee kanaaf sababa kan ta'an bineensota manaafi bosonaa: saree, wangoo, adurree, illeettii, simbira halkanii, qamalee, jaldeessi isaan ijoo yoo ta'an, addadurummaan wangoo uumamaa baattuu vaayirasii kanaa akka taate ifoomeera. Yoomessi ka'umsa dhibee saree maraatuu arfaasaafi birraa yoo ta'u kunis sarootni wanta nyaatan barbaacha yeroo adeeman bineensota baattoo dhibee kanaa ta'aniin akka walarganidha. Guyyootni dhibeen kun ka'aniifi qorichi qophaa'in itti kennamu guyyaa cagginoorra ta'uufi lagannaawwan adda addaa akka jiran qorannoon kun ifoomseera.

Kana malees, qorannoon kun tajaajila yaala ammayyaa argachuu dhabuun bakka daangeffamaa ta'eefi baasiin talaallii olaanaa ta'uu dabalatee qormaata hawaasa baadiyyaa mudataa jiru ibsuun malootni aadaa bakka qorannoo kanaatti hojiirraa oolaa akka jiru hubatameera. Hinummaayyuu mala ammayyaa fayyadamuun dhibee fayyaa biroof nama kan saaxilu ta'uu ifoomsa.

Tattaaffiin gara fuula duraatti taasifamu ogummaan ogeessota aadaa daraan jajjabeefamuu, beekamtiin ogeessotaafi fayyadamtoota qorichaa aadaaf kennamuun qaqqabummaa kunuunsa beeyladaafi namaa guddisuu, hawaasni duudhaa isaa ganamaatti deebi'uu, fi beekumsa aadaa gatii guddaa qabu dhalootaan darbaa ture kabajuufi kunuunsuu itti fufuu irratti xiyyeeffachuu qaba. Hawaasa Oromoo keessatti dhibee saree maraatuu fayyaa namaafi beeyladaa miidhuun dinagdeefi hawaasummaa kan toora dhabsiisu to'achuuf egeree fayyya qabeessa ta'e mirkaneessuu kan dandeenyu tumsa qofaan akka ta'e qorannoon kun yaboo kaa'eera.

**Wabiilee**

Adane B., Wassie M., Liuel Y., Sefinew A., Wudu T. (2022). Knowledge, attitude and practice related to rabies among residents of Amhara region, Ethiopia. www.cell.co/heliyon

Alemu, T. (2019). *The Role of Indigenous Plants in Treating Animal Diseases in Oromia*. Addis Ababa University Press.

Ali J. (2022) Prevention and Control of Rabies in Animals and Humans in Ethiopia. *Health Sci J. Vol. 16 No. 8: 966.*

Girma, A. (2022). Integrating Traditional and Modern Veterinary Care in Rural Ethiopia: A Case Study. *Ethiopian Veterinary Journal, 60(2), 112-120.*

Jemberu WT, Molla W, Almaw G and Alemu S (2013). Incidence of Rabies in Humans and Domestic Animals and People's Awareness in North Gondar Zone, Ethiopia. *PLoSNeglTropDis7 (5: e2216. doi: 10.1371/journal.pntd.0002216*

Jocelyne N. Sowe, Sebastien K. et al. (2021). *Incidence and seroprevalence of rabies virus in humans, dogs and other animal species in Africa, a systematic review and meta-analysis.*

John D. Cahill, MD and Christina Liu, MD (2020). Epidemiology of Rabies and Current US Vaccine Guidelines. Mount Sinai. Johndcahill@gmail.com

Johnson, L. (2021). Integrating traditional and modern veterinary care: A Case Study in Ethiopia. *Veterinary Journal of East Africa*, *52(2), 134–140.*

Louis H. Nel (2013). Discrepancies in Data Reporting for Rabies. *www.cdc.gov/eid. Vol. 19, No. 4, April 2013*

Mapatse M, Sabeta C, Fafetine J, Abernethy D (2022) Knowledge, attitudes, practices (KAP) and control of rabies among community households and health practitioners at the human-wildlife interface in Limpopo National Park, Massingir District, Mozambique. *PLoS Negl Trop Dis 16(3): e0010202. https://doi.org/10.1371/journal.pntd. 001020*

Nigussie Gizachew, Muktar Goshu, Gemechu Berhanu and Derara Dejene (*2023*. Retrospective Study of Rabies Cases Reported at St. Luke Hospital and Community Awareness in Woliso, Oromia, Ethiopia. *Biomed J Sci & Tech Res 51(2). BJSTR. MS.ID.008079.*

Nyasulu PS, Weyer J, Tschopp R, et al. (2021). Rabies mortality and morbidity associated with animal bites in Africa: a case for integrated rabies disease surveillance, prevention and control: a scoping review. *BMJ Open 2021; 11: e048551.Doi:10.1136/bmjopen-2020-048551*

Okoli S. et al (2022). *An outbreak investigation of a case of canine rabies in Ebonyi State Nigeria, 9th to 14th*

Oromia Health Bureau. (2022). *Indigenous Health Practices in Rural Ethiopia: The Role of Traditional Knowledge in Animal Healthcare*. Finfinnee, Ethiopia.

Otte, J., & Goga, S. (2005). Canine Parvovirus: A Review of Clinical Features, Treatment and Prevention. *Journal of Veterinary Medicine*.

Petros Admasu, Yalemtsehay Mekonnen and Gashew G. Wold (2014). Rabies and its Folk Drugs Remedies in Ethiopia: A Review. *European Journal of Biological Sciences 6 (4): 104-109, 2014 ISSN 2079-2085*

Ravensberg Matthijs F, Fanoy Ewout B, Whelan Jane, Embregts Carmen WE, GeurtsvanKessel Corine H, Strydom Jared B (2022). Ongoing rabies outbreak in dogs of unprecedented scale and human cases in Nelson Mandela Bay Municipality, South Africa, Euro Surveill. *2022; 27(16): pii=2200252. https://doi.org/10.2807/1560 7917.ES.2022. 27.16.2200252*

Smith, J., et al. (2021). Canine Parvovirus: Advances in Prevention and Treatment. *Journal of Veterinary Medicine, 68(5), 337-345.*

The center for food security and public health (2021). Rabies and Rabies-Related Lyssaviruses Hydrophobia, Lyssa. www.cfsgh.iastate.edu

WHO (2023). *New book on local experiences in dog-mediated rabies elimination in Asia.*